

Wajjira Pirezidaantii

Bulchiinsa Mootummaa Naannoo Oromiyaa

The Oromiya National Regional Government

Office of the President

Finfinnee (Addis Ababa)



የኢ.ፌ.ዲ.ሪ በኢትዮጵያ ከልላዊ መንግሥት መስተዳደር

የጥራ菡.ቁጥር ፭/፻፷

፲፻፱፯(አዲስ አበባ)

Guyyaa/Date 24/12/2010

ቀን

Lakk/Ref.No. 07/06/4012779

ቁጥር

Abbaa Taayitaa Galiiwwan Oromiyaatiif
Finfinnee

Dhimmisaa:- Dambii Ragga'e Isinii Erguu Ilala,

Manni Marii B.M.N.O Walgahii idilee 17^{ffaa}, Bara Hojii 5^{ffaa}, Wagga 3^{ffaa} **Hagayya 18 Bara 2010** gaggeesseen, Dambii Labsii Gibira Galii Mootummaa Naannoo Oromiyaa Lak.202/2009 hojiirra oolchuuf bahe **lakk.202/2010** ta'ee kan raggaasise yoo ta'u, Afaan Amaariffaa fi Ingiliffaatti hiikamee karaa qaama dhimmi ilaallatuun Magalata Oromiyaa irratti akka maxxanfamu ibsaa. hojiif akka isinii tolu dambii ragga'e fuula 32 xalaya gaggeessituu kana waliin miiltoo goonee isinii erguu keenya ni beeksisna.



Nagaq wajjin

Assaggid Geetaachoo
Hogganaa Waajjira

G/G

- ✓ Wajjira Caffee Oromiyaatiif
- ✓ Biiroo Haqaa Oromiyaatiif
Finfinnee
- ✓ Wajjira Pirezidaantiifi M.M.B.M.N.Oromiyaatiif
- ✓ Daarektoreetii Dhimma Kaabineetiif
- ✓ Damee Seeraatiif
W.P.B.M.N.O.



(251-11) 551 04 55
552 42 47

Tin.No. 0001547816



e-mail:oromiaweb@ethionet.et
www.oromiagov.org



(251-11) 551 36 42
552 96 33

Dambii Labsii Gibira Galii Mootummaa Naannoo Oromiyaa Lak. 202/2009Hojiirra Oolchuuf Bahe

Labsii Gibira Galii Lak. 202/2009 raawwachiisuuf dambii baasuun barbaachisaa ta'ee waan argameef;

AkkaataaLabsii Gibira Galii Lak. 202/2009 keewwata 92(1) fi LabsiiLak. 199/2008 keewwata 74(2)tiin Dambiin kanatti aanu bahee jira.

Kutaa Tokko
Tumaalee Waliigalaa

1. Mata Duree Gabaabaa

Dambiinkun “Dambii Gibira GaliiMootummaa Naannoo OromiyaaLak. 202/2010” jedhamee waamamu ni danda'a.

2. Hiika

Akkaataan jechichaa hiika biroo kan kennisiisuuf yoo ta'e malee, Dambii kana keessatti:

- 1) “Labsii” jechuun Labsii Gibira Galii Mootummaa Naannoo Oromiyaa Lak. 202/2009 dha;
- 2) Jechootaafi gaaleewan faayidaa irra oolan, akkaatuma rogummaa isaaniitiin Labsichaan yookiin LabsiiBulchiinsa Taaksii Lak. 203/2009 tiin hiikoo kennameef ni qabaatu.
- 3) “Nama” jechuun nama uumamaa yookiin qaama seeraan mirgi namummaa kennameef jechuudha.

3. Ibsa Koornayaa

Dambii kana keessatti jechi koornayaa dhiiraatiin ibsame dubartiis ni dabalata.

4. Daangaa Raawwatiinsaa

Dambiin kun:

- 1) Nama jiraataa Naannichaa ta'ee, Naannicha keessatiifi Naannichaa alatti galii argatuufi;
- 2) Nama jiraataa Naannichaa hin ta'in, Naannicha keessatti galii argatuirratti raawwatiinsa ni qabaata.

Kutaa Lama

Itti FayyadamaJechootaafi Gaaleewan Labsicha Keessatti Faayidaarra Oolanii

5. Dhala

Kaayyoo Labsichaatiif maqaa kamiiniyyuu yoo ibsamellee, waldaalee liqiifi quşannaatiin maallaqnitaa'uyookiin kaffaltiinbuusii miseensotaaf raawwatamu akka dhalaatti ni lakkaawama.

6. Dhaabbata Dhaabbiin Hojjatu

- 1) Kaayyoo Labsichaakeewwata 6(2) (c)tiif, namni kamiyyuu guyyaa 183 caalaa turuu isaamurteessuuf pirojektiin nama kanaayookiin nama isaan qunnamtii qabu wajjiin walqabatutilmaamia keessa galuu qaba.



2) Namni ijaarsa, piroojektii yookiin hojii kanaan walitti-hidhamiinsa qabu Labsicha keewwata 6 (3)tiin ibsame kamiyyuu hojjatu, turtii guyyaa 183 caalu guutuu isaa murteessuuf, nama wal-qunnamtii qabuun kan raawwatame ijaarsi, piroojektiin yookiin hojii kanaan wal-qabatu kamiyyuu, hojiin namni jalqaba caqafame raawwate yeroo fudhate irratti dabalamee herregamuu qaba.

7. Nama Dhuunfaa Jiraataa Naannichaa

- 1) Kaayyoo Labsichaa keewwata 7 (2)(b)tiif, shallaggii guyyoota namni dhuunfaa tokko Naannicha keessa tureef:
 - (a) Guyyaa Naannichakeessa seeneefi keessaa bahe dabalatee guyyaan gar-tokkeNaannicha keessa tureakka turtii guyyaa guutuutti nilakkaawama;
 - (b) Namni dhuunfaa kamiyyuuguutummaan yookiin gar-tokkeen guyyoota armaan gaditti ibsaman Naannicha keessatti tureakka guyyaa guutuutti nilakkaawamu:
 - (i) Guyyaa ayyana ummataa;
 - (ii) Hayyama dhukkubaa dabalatee, guyyaa haara galfanna;
 - (iii) Hojiin namni dhuunfaa kun Naannicha keessatti gaggeessu kora hojii dhaabuun, cufiinsa hojii Qaxaraadhaan taasifamuun, turtii dhiyeessii galteetiin, haala qilleensaa hojii dhorkuun yookiin sababoota waytaawaa biroo hojii lafarra harkisiin guyyoota addaan citan;
 - (iv) Namni dhuunfaakun hojii kamiyyuu jalqabuun duratti, hojii irra osoo jiruu yookiin erga fixeen booda guyyoota boqonaaNaannicha keessatti dabarse.

- 2) Tumaan keewwata kana, keewwata xiqqaa 1 akkuma eegametti ta'ee, namni dhuunfaa tokko sababa akka imalaatti iddoowan lama Naannichaan ala jiran gidduu deemsaa taasisuuf turtiin guyyaa guutuu yookiin gar-tokkeen Naannicha keessataasisu akka turtiittiNaannicha keessatti ta'etti hin lakkaawamu.

8. Aksiyoonotaa fi Boondiiwan

- 1) Labsicha keewwata 55 (6) (c)jalatti "Aksiyoonotaa fi Boondiiwan" ilaachisee kan ibsame aksiyoonota yookiin boondota irratti faayidaa filanna fakkaatu yookiin mirga abbaa aksiyoonaa ta'uuf jiru kamiyyuu ni dabalata.
- 2) Mirga aksiyoonaa kubaaniyaa jiraataa Naannichaata'e keessatti jiru yookiin Boondii Kubbaaniyaaakkanaatiin bahu dabarsuun faayidaan argamu akka galii, madda galii Naannichaa irraaargametti nilakkaawama.

KutaaSadii

Galii Gabatee "A", FaayidaaleeAkaakuu fi Biyya Alaatti Qaxaramuu Galii Argame

9. Hiika Kutaa Kanaa

- 1) Kutaa kana keessatti:

- (a) "Bakka Fagoo" jechuun bakka giddu gala magaalaa jiraataa kuma argdama qabu irraa kiiloomeetira soddoma fagaatee argamuudha;



- (b) "Hojjataa tajaajilaa maatii" jechuun hojjataa manaa, bilcheessaa nyaataa, konkolaachisaa, kununsaa biqiltuu, yookiin nama tajaajila biroo maatiif kenuudha;
- (c) "Karoora aksiiyoona hojjataa" jechuun kubbaaniyaan Qaxaraa yookiin kubbaaniyaan qunnamtii qabu waliigaltee yookiin hojimaata aksiiyoona hojjataa Kubbaaniyaa Qaxaraaf itti quoduudha;
- (d) "Konkolaataa" jechuun konkolaataa motoraa imaltoota sagalii gadi ta'aniifi toonii tokko gadi akka fe'uu danda'uuf hojjatameedha.
- (e) "Kubbaaniyaa qunnamtii qabu" jechuun kubbaaniyaa wajjiin walqabatee, kubbaaniyaa nama biroo kan ta'e kubbaaniyaa duraa wajjiin qunnamtii qabuudha;
- (f) "Tajaajilawwan" Jechuun itti-fayyadama qabeenyaatiifi dhiyeessii meeshaalee tajaajila adda-addaatiif oolu kamiyyuu ni dabalataa;
- (g) Ji'a wajjiin wal-qabatee, "taarifa dhala liqii gabaa" jechuun:
 - (i) Baankii Daldalaa Itoophiyaatiif yoo ta'u, Baankiin Biyoyolessaa liqii baankota daldalaa fi wabummaa sanada daddarbaatiin dhiyeessii liqii dhala xiqqaan kennamuu taqrifa dhala liqii ji'atti kenname sana Naannicha keessa oole; yookiin,
 - (ii) Nama biroo kamiifiyyuu yoo ta'u, liqii taarifa dhala gad-aanaa baankota daldalaa ji'a sana Naannicha keessa oolee dha.

2) Kutaa kana keessatti:

- (a) "Qaxaraa" jechuun nama Qaxaraa wajjiin qunnamtii qabuufi Qaxaraa yookiin Qaxaraa wajjiin nama qunnamtii qabu wajjiin waliigaltee taasifameen qaama sadaffaa akka Qaxaraa ta'ee hojjatus ni dabalataa;
- (b) "Qaxaramaa" jechuun nama Qaxaramaa wajjiin qunnamtii qabus ni dabalataa.

10. Faayidaalee Akaakuu

- 1) Tumaaleen biroo keewwata kanaa akkuma eegamanitti ta'ee, kaayyoo Labsichaakeewwata 13 (1)(b)tiif, faayidaaleen armaan gadiitti tarreeffaman, Qaxaraan Qaxaramaaaf kenu, faayidaalee akaakuuti:
 - (a) Idaa irraa bilisa gochuu;
 - (b) Hojjattoota tajaajila maatii;
 - (c) Mana jireenyaa;
 - (d) Liiqii dhala xiqqaa;
 - (e) Tajaajilaa nyaataa yookiin dhugaatii;
 - (f) Baasiiwwan dhuunfaa;
 - (g) Qabeenyaay yookiin tajaajilootaa;
 - (h) Karoora Aksiiyoona Hojjattootaa;
 - (i) Konkolaataa;
 - (j) Faayidaa akaakuu biroo.



- 2) Qaxaramaan tokko faayidaa kan argate yoo ta'e, baasiin faayidaa kana argachuuf baase galii qaxaramuu argachuufbaasi taasise hanga ta'etti akka faayidaa akaakutti hin lakkawamu.
- 3) Faayidaan kamiyyuu faayidaa akaakuu ta'uufi gatii faayidaa akaakuu murteessuun dabarsuuf daangaa kaa'ame jiraachuufi faayidicha haala biraatiin gara maallaqaatti jijiiruu danda'uu dhabuun tilmaama keessa hingalu.
- 4) kaayyoodambii kanaatiif faayidaaleen armaan gadii akka faayidaa akaakuutti hin lakkawaman:
 - (a) Bu'uura Labsicha gabatee "E"tiin faayidaa gibira irraa bilisa taasifame;
 - (b) Bu'uura QajeelfamaAbbaan Taayitichaa baasuun,Qaxaraan irra-deddeebiidhaan faayidaa wal-fakkaataa dhiyeessan tilmaama keessa galchuun gatiin xiqqa ta'u irraa kan ka'e faayidaa shallaguufi bulchuuf kan hin mijofne;
 - (c) Hojjattoota mana nyaataa, kaafteeriya yookiin kutaa nyaataa Qaxaraan yookiin maqaa Qaxaraatiin bulan tajaajila nyaataa fi dhugaatii garaagarummaa tokko malee hojjattoota idileetiif qofa jedhamee hirphaan dhiyaatu;
 - (d) Qaxaramaa qaama hoggansaa hin taaneef sababoota armaan gadiitiin tajaajila mana jirenyaa yookiin iddo boqonnaa bakka fagootti dhiyaatu:
 - (i) Iddoon hojii idilee Qaxaramaa bakka fagoo yoo ta'e, fi
 - (ii) Sababa amala hojii Qaxaraatiin hojjataan yeroo yeroodhaan iddo tokkoo gara iddo biraatti kan socho'u ta'u isaatiin yookiin bakka fagootti iddo boqonnaa gahaa mijawa ta'e yookiin manni jirenyaa waan hin jirreef Qaxaraan iddo boqonnaa yookiin mana jirenyaa dhiyeessuun barbaachisaa waan ta'eef;
 - (e) Bilbila socho'aa Qaxaramaan akka itti fayyadamuuuf Qaxaraan dhihaatu;
 - (f) Bilbala socho'aa Qaxaraan dhiyeesseen waamicha taasifamu dabalteebaasiowan waamicha bilbala socho'aaf Qaxaraan Qaxaramaaaf taasisuu;
 - (g) Barnoota yuunivarsiitii, koolleejiiyookiin dhaabbata biroo barnootni ge'eessotaa itti kenamuttibarumsa hordofuu akka danda'aniif kaffaltii barnootaa yookiin leenjii Qaxaraan Qaxaramaaaf raawwatu;
 - (h) Tajaajila eegumsa nageenya Faayidaa Qaxaramaaaf dhiyaatu;
 - (i) Hoteelotni, reestoraatnii fi dhaabbileen biroo tajaajila nyaataa dhiyeessan tajaajila nyaataa fi dhugaatii qaxaramtoota isaaniif dhiyeessan;
 - (j) Meeshaa hojii fi uffata seeraa qaxaramtootaaf dhiyaatu.

11. Faayidaa Akaakuu Idaa Irraa Bilisa Taasifamu

- 1) Idaa Qaxaramaan Qaxaraaf kaffaluu qabu yookiin liiqji deebisuuf dirqama qabu Qaxaraan akka hafu taasise faayidaa akaakuu idaa irraa bilisataasifamuu dha.
- 2) Gatiin faayidaakaakuu idaa irraa bilisa ta'u hanga idaa hafaa taasifamee ti.



12. Faayidaa Akaakuu Hojjattoota Tajaajila Maatii

Gatiin faayidaa akaakuu hojjattoota tajaajilaa maatii, faayidaa akaakuu tajaajilaa hojjattoota maatii Qaxaramaan argateef galii dimshaashaa qaxarriif ji'a keessatti Qaxaraan kaffalee fi tajaajiloota kanaaf Qaxaramaan hanga kaffalee jiddu garaagarummaa jiruudha.

13. Faayidaa Akaakuu Mana Jireenyaa Yookiin Iddoo Boqonnaa

- 1) Gatiin faayidaa akaakuu mana jireenyaa Qaxaraan Qaxaramaaaf dhiyeessu abbumaan mana jireenyichaa yookiin iddo boqonnaa kan Qaxaraan yoo ta'u, gatii ji'aa sirriin kiraan gabaa iddo boqonnaa yookiin mana jireenyichaa fi Qaxaramaan mana jireenyichaa yookiin iddo boqonnaaf hanga kaffalee jidduu garaagarummaa jiruudha.
- 2) Gatiin faayidaa akaakuu mana jireenyaa Qaxaraan Qaxaramaaaf dhiyeessu mana jireenyichaa yookiin iddo boqonnaa Qaxaraan kan kireeffate yoo ta'u, Qaxaraan ji'an iddo boqonnaa yookiin mana jirenyaaaf kiraan kaffaluu fi Qaxaramaan mana jireenyichaa yookiin iddo boqonnaaf hanga kiraan kaffalee jidduu garaagarummaa jiruudha.

14. Faayidaa Akaakuu Liqii Dhalaan Xiqqaa

- 1) Liqii Qaxaraan Qaxaramaaaf dhiyeessu irratti dhalli Qaxaramaan kaffalu hanga dhibeentaa dhala liqii gabaa irratti argamu gadi yoo ta'e faayidaan akaakuu dhala liqii xiqqaa ta'a.
- 2) Faayidaa akaakuu gatii dhalaliqii xiqqaa Qaxaramaan liqicha irratti ji'an dhalaan kan kaffale yoo ta'e dhalli ji'an kaffalee fi liqicha kan fudhate hanga dhala gabaan itti liqeessuun osoo ta'eehangaa dhala kaffalu irra ture gidduu garaagarummaa jiruudha.

15. Faayidaa Akaakuu Tajaajila Nyaataa Yookiin Dhugaatii

Gatiin Qaxaraan Qaxaramaaaf faayidaa akaakuu tajaajila nyaataa yookiin dhugaatii dhiyeessu Qaxaraan baasii waliigalaa nyaataa yookiin dhugaatiidhiyeessuuf baasee fi Qaxaramaan hanga maallaqaa tajaajila nyaataa yookiin dhugaatiif kaffalee jidduu garaagarummaa mallaqaa jiruudha.

16. Faayidaa Akaakuu Konkolaataa

- 1) Qaxaraan faayidaa konkolaataa guutummaan yookiin gar-tokkeenfaayidaa dhuunfaa Qaxaramaaaf dhiyeessu faayidaa akaakuu konkolaataati.
- 2) Tumaan keewwata kanaa keewwata xiqqaa 3 fi 4 akkuma jirutti ta'ee gatiin faayidaa akaakuu konkolaataa ji'an hanga mallaqaa bu'uuraa shallaggiarmaan gaditiin ta'a:



$$FK = \frac{Ax 5\%}{12}$$

Kanaafis:

“FK” Gatii faayidaa akaakuu konkolaataa ji’aan argamu.

“A” Qaxaraan abbaa qabeenyaa konkolaataa ta’uuf baasii baase yookiin konkolaataa kan kireeffate yoo ta’e, konkolaataa yerookireeffatetti gatii sirrii gabaa konkolaataa qabu dha. Haata’umalee, konkolaataan qaraxaa fi taaksii irraa bilisa ta’ee kan gale yoo ta’e gatiin faayidaa akaakuu konkolaataa osoo konkolaatichi qaraxaa fi taaksii irraa bilisa ta’ee galuu baatee qaraxaa fi taaksii konkolaataa irratti kaffalame ni dabalata.

- 3) Bu’uura keewwata kana keewwata xiqqaa 2 tiin gatii faayidaa akaakuu konkolaataa shalagamu irraa kan armaan gadii ni hir’ifamu,
 - (a) Baasii konkolaataatti fayyadamuuf yookiin konkolaataa suphuu fi faayidaa konkolaataaf Qaxaramaan kaffaltii raawate kamiyyuu,
 - (b) Qaxaramaan hojichaa raawachuuf hangi konkolaataatti fayyadame,
 - (c) Faayidaa dhuunfaaQaxaramaaQaxaramaan hanga konkolaataan ji’ a keessatti hin dhiyaatiin,
- 4) Konkolaataan qabiyyee Qaxaraa jalatti waggaa shanii oliif kan ture yoo ta’e shallaggii n keewwata kanaa keewwata xiqqaa 2 jalatti gatiin “A”ibsame bu’uura keewwata xiqqaa (2) tiin hanga maallaqaa murtaa’u dhibeentaa shantama ta’a.
- 5) Keewwata kanaan “konkolaataa faayidaa dhuunfaaQaxaramaaQaxaramaan dhiyaate” ibsii jedhuu Qaxaramaan yeroo kamiyyuu dhimma dhuunfaaf yoo fayyadamu baatelle konkolaataa faayidaa dhuunfaaQaxaramaaQaxaramaan dhiyaate ni dabalata.

17. Faayidaa Akaakuu Baasiwan Dhuunfaa

- 1) Tumaan keewwata kanaa keewwata xiqqaa 3 akkuma jirutti ta’ee, faayidaa dhuunfaaQaxaramaaQaxaramaan kan argamsisuu hanga ta’etti baasiin dhuunfaaQaxaraan kaffalame faayidaa akaakuu baasii dhuunfaati.
- 2) Bu’uura keewwata kana keewwata xiqqaa 1tiin gatiin faayidaa akaakuu baasii dhuunfaa akka faayidaa akkaakuutti kan lakkaawwamu hanga baasii baheetiin ta’a,
- 3) Dambii kana keewwata 18 tiin ibsameen ala keewwata kana Qaxaraan QaxaramaaQaxaramaan kan kaffalu kutaa kanaan keewwata biroon faayidaa akaakuu baasii dhuunfaati kan jedhame hin ilaallatu,

18. Faayidaa Akaakuu Qabeenyaa Yookiin Tajaajilaa

- 1) Qaxaraan QaxaramaaQaxaramaan dabarsu yookiin tajaajillidhiyeessu faayidaa akaakuu qabeenyaa yookiin tajaajilaa ti.
- 2) Tumaan keewwata kanaa keewwata xiqqaa 3 akkuma jirutti ta’ee faayidaan akaakuu qabeenyaa yookiin tajaajilaa;



- (a) Qaxaraan akka hojii idileeisaatti qabeenyicha yookiin tajaajilichamaamiltootaaf kan dhiyeessuu yoo ta'e gatiingurgurtaa qabeenyaayookiin tajaajilaa dhiibeentaa torbaatami shan, yookiin
- (b) Haala biroon gatii qabeenyaanyookiin tajaajilii itti gurguramu ta'a.
- 3) Bu'ura keewwata kan keewwata xiqqaa 2 tiin gatiin faayidaa akaakuu qabeenyaayookiin tajaajilaakan murtaa'u hanga mallaqaa Qaxaramaan qabeenyaaf yookiin tajaajilaaf kaffale irraa ni hir'ifama.
- 4) Kaayyoo keewwata kana keewwata xiqqaa 2 (a)tiif faayidaa akaakuu qabeenyaayookiin tajaajilaaQaxaraa hojii geejjiba qilleensaa kennuu irratti bobba'een tikkeetii imala qilleensaa bilisaa yookiin hirphataasifameen kenname yoo ta'e, gatiin gurgurtaa tikkeetii gatii idilee sadarkaa diinagdee balala'insaafQaxaraan kaffalchiisun ta'a.

19. Faayidaa Akaakuu Karoora Aksiyonna Hojjatootaa

- 1) Mirga yookiin filannoo abbaa aksiyonnaa ta'u fayyadamuun aksiyoonota qoodaman dabalatee karoora aksiyonna hojjatootaa bu'urefachuuun aksiyonna Qaxaramaan qooduun faayidaa akaakuu karoora aksiyona hojjatootaati.
- 2) Bu'uraa karoora aksiyonaatiin gatiifilannooyookiin mirgiiabbaa aksiyonna ta'uuQaxaramaan qooduun faayidaa akaakuutti hin lakkaawamu yookiin galii qaxaramuunargamu keessattihin hammatamu. Ta'ullee,
 - (a) Qaxaramaan mirgayookiin filannoo isaatti kan fayyadamu yoo ta'e keewwatni kun raawwatiinsa ni qabaata, yookiin
 - (b) Qaxaramaan mirga yookiin filannoo isaa kan dabarsu yoo ta'e akka qabeenyaayookiin gibirri itti kaffalamutti lakkaawamee mirgi yookiin filanoon isaa Ramaddii "B" jalatti bu'uraa Labsichaa kewwata 55 kan raawatamu ta'a.
- 3) Tumaan keewwata kanaa keewwata xiqqaa 4 akkuma jirutti ta'ee gatiin faayidaa akaakuu karoora aksiyonna hojjatootaa gatii sirrii gabaa guyyaa aksiyoonotni itti qoodamanii fi buusii aksiyonaaf Qaxaramaan kaffaltii raawwate jidduu garaagarummaa argamuun ta'a.
- 4) Bu'uura karoora aksiyonna hojjattootaatiin aksiyoonotni Qaxaramaan qoodaman nama biroof dabarsuun kan daangeffame yoo ta'e, faayidaa karoora aksiyonnaQaxaramaan kan argate,
 - (a) Aksiyoonota daangaa malee dabarsuu yeroo danda'utti,yookiin
 - (b) Aksiyoonota yeroo dabarsutti, lamaan keessaa yeroo dursutti akka ta'etti lakkaawama.
- 5) Tumaan keewwata kanaa keewwata xiqqaa 4 yeroo raawwatiinsa qabaatutti gatiin sirrii gabaa aksiyoonichaakkaataaaa keewwata xiqqaa 4tiinfaayidaa karoora hojjatootaa yeroo argametti murtaa'a.



- 6) Kaayyoo keewwata kanatiif bu'uura karoora aksyoona hojjattootaatiin aksiyoonota Qaxaramaaaf qoodaman wajjiin wal-qabate "Buusii Qaxaramaa" jechuun Qaxaramaan,
 - (a) Aksiyoonotaa, fi
 - (b) Abbaa aksiyoonaa ta'uuf mirga yookiin filannoo kennnameefiinhanga maallaqaa kaffalamiuudha

20. Faayidaa Akaakuu Biroo

- 1) "Faayidaa akaakuu biroo" jechuun faayidaan akaakuu Qaxaraan Qaxaramaaaf dhiyeessu kutaa kana keessatti keewwatoota biroon kan hin hammatamne faayidaa akkaakuu biroodha.
- 2) Gatiin faayidaa akaakuu biroo yeroo faayidaan argamee bu'uura godhachuun gatii sirrii gabaa faayidaan itti murtaa'uu fi faayidaaf Qaxaramaan kaffaltii kamiyyuu raawwate jidduu garaagarummaa jiruudha.

21. Daangaa Gibiraa Faayidaa Akaakuu Irratti Buufamu

- 1) Tumaan boqonnaa kanaa jiraatus gibirri dimshaashaa faayidaa akaakuu irratti kaffalamu haala kaminiyyuu mindaa Qaxaramaan ji'aan argatu %10 (dhibbentaa kudhan) caaluu hin qabu.
- 2) Raawwatiinsa keewwata kanaatiif mindaan faayidaalee biroo qaxaramuu wajjiin wal-qabatan hin dabalatu.

22. Biyya AlaattiQaxaramuunGalii Argamu

- 1) Qaxaraan jiraataa Naannicha hin taane dhaabbata Naannicha keessattidhaabbiin hojjatatu hundeesseef nama qaxarame osoo hin dabalatiin nama jiraataa Naannicha hin taaneen Qaxaramaa jiraataa Naannicha ta'eirratti Labsichaankeewwatni 90 keewwatni xiqqaa 1 raawwatiinsa ni qabaata.
- 2) Qaxaramaan jiraataa Naannicha ta'e galii ji'a kamiyyuu biyya alaatti qaxaramuun argatee fi biyya alaatti galii kanarratti gibira kan kaffale yoo ta'e, kan armaan gadiitti kaa'amani xiqqaa wajjiin hanga walqixa ta'een gibira kaffale bakka buufachuuf mirga ni qaba;
 - (a) Gibira biyya alaatti kaffale, yookiin;
 - (b) Qaxaramaan jiraataa Naannicha ta'e galii biyya alaa ji'a ittiargateef taarifa giddu galeessaa galii qaxaramuun argamu gibira itti kaffalamuu raawwatiisa qabubu'uura godhachuun kan shalagamu Qaxaramaan galii biyya alaa irrattigibira Naannicha keessatti kaffaluun ta'a;
- 3) Raawwatiinsa gibira bakka buufamu keewwata kanaan hayyamameef "gibira galii hojii daldala", "gibira galii qaxaramuu irraa argamu" akkasumas "waggaa gibiraa" jechuun kan ibsamee "ji'aaf" akka tajaajilutti fudhachuuun Labsichaan keewwata 46 irratti kan ibsame raawwatiinsa ni qabaata.



- 4) Raawwatiinsa keewwata kanaatiif;
- (a) Qaxaramaa jiraataa Naannicha ilaalchisee “taarifa giddu galeessaa gibira galii qaxaramuu argamu irratti kaffalchiifamu” jechuun gibirri bakka buufamu kamiyyuu taasifamuun duratti Qaxaramaan galii qaxaramuu argamu ji’aan gibira itti kaffaluirratti dhibbeentaa gibira galii qaxaqramuu argamu kaffaluu qabuudha.
 - (b) “Galii biyya alaatti qaxaramuu argamu” jechuun bu’uraa Labsii gabatee “A” tiin galii biyya alaa gibirri itti kaffalamuudha.
 - (c) “Gibira galii biyya alaa” jechuun gibira kaffalaadhaan hir’ifameeqabamu dabalatee gibira Mootummaa biyya alaatiinyookiin Mootummaan Naannoo biyya alaatiinbuufame yoo ta’u, adabbii, gibira dabalataa yookiin gibira kana ilaalchisee dhala kaffalamu hin dabalatu.
 - (d) “Qaxaramaa jiraataa” jechuun Qaxaramajiraataa Naannichaa ta’ejechuudha.

KutaaAfur

Galii Gabatee “B”

23. Kaffaltii Kira Wagga Tokkoo Ol Uwwisu

Kireessaan yookiin kireeffatee kireessaan keewwatniLabsichaa 16(5)irratti raawwatugali kira manaa wagga tokkoo ol uwvisu kan fudhate yoo ta’e, hanga galii dimshaashaa kireessaan yookiin kireeffatee kireessaan haala kanaan fudhate akka galii bara gibira sana argametti lakkawama; Ta’ullee hangagalii kana irratti gibirri kaffalamu bara gibira galii kira manaa uwvisuuf quodun herregama.

24. Kira Qabeenyota Hojii Daldalaa

Qabeenyaawan qaama hojii daldalaa idilee ta’an meeshaalee, mi’ootaafi manneen dabalatee galii hojii daldalaa kireessuun argamu bu’ura Labsichaa gabatee “C” tiin gibirri itti kaffalama.

25. Hir’ifama Dullumaa Kira Mana, Mi’ootaa fi Meeshaalee Manaa

Kaayyoo Labsichaa keewwata 16(7)(c)tiif hir’ifamni dulluma mana kira, mi’ootaa fi meeshaa manaa bara gibira tokkotti hayyamame kan murtaa’u akkaataa Labsichaa keewwata 26 fi dambii kana kutaa shan kutaa xiqqaa laman ta’ee, kanneen armaan gadii bu’ura godhatee ta’a.

- 1) Manni kira qabeenyaa gatiin hir’atu ta’ee, qabeenya hin sochooneef fooyya’iinsi hundeerraa kan taasifame ta’u isaa,
- 2) Mi’ootaa fi meeshaaleen mana wajjiin kireeffaman kamiyyuu qabeenyaa gatiin hir’atu ta’uu isaanii.




26. Kisaaraawwan Kiraan Manaa

- 1) Bara gibiraa tokkotti kaffalaa gibiraa galmee herregaa qabatu bu'uura Labsichaa keewwata 16 (7) (c) tiin baasiin hir'ifama hayyamameef galii kiraan manaa kan caalu yoo ta'e, hangi maallaqaa caalmaan mul'atu akka kisaaraa kiraan manaa bara gibiraa sanaa ta'etti lakkaawwama.
- 2) Labsicha keewwata 27 fi Dambii kana keewwata 42 "kisaaraa" jedhamee kan ibsame "kisaaraa kiraan manaa" akka tajaajilutti fudhachuun kaffalaa gibiraa kisaaraa n kiraan manaa qaqqabeef keewwatootni kunneen raawwatiinsa ni qabu.

27. Galii Kiraan Manaa Biyya Alaa Irraa Argamu

- 1) Kaffalaan gibiraa jiraataa Naannichaa ta'e galii kiraan mana biyya alaa qabuu fi galii kana irratti biyya alaatti gibira kan kaffale yoo ta'e, kaffalaan gibiraa kanneen armaan gadii keessaa hanga isa xiqaan wal-qixa ta'ee gibira bakka buufamu argachuuf mirga ni qabaata;
 - (a) Gibira biyya alaatti kaffale, yookiin
 - (b) Bara gibiraa galii kiraan manaa biyya alaa irraa kaffalaan gibiraa bu'aa qulqulluu argateef kan raawwatu taarifa giddu galeessaa galii kiraan manaa irraa argameen gibirri ittikaffalchiifamu bu'uura godhachuun kan herregamu galii kiraan manaa biyya alaa kaffalaan gibiraa argate irratti gibira oromiyaa keessatti kaffaluu;
- 2) Raawwii gibira bakka buufamu keewwata kanaan heyyamameef "gibira galii hojii daldalaa" jechuun kan ibsame "gibira galii kiraan manaa irraa argame" akka tajaajilutti fudhachuun keewwatni Labsichaa 46 raawwatiinsa ni qaba.
- 3) Raawwii keewwata kanaaf;
 - (a) Bara gibiraa tokkotti jiraataa Naannichaailaachisee "taarifa giduu galeessaa gibira kiraan manaa irraa argamu itti kaffalchiifamu" jechuun gibirri bakka buufamu kamiyyuu taasifamuun duratti bara gibiraatti jiraataan galii kiraan manaa argamu irratti dhibeentaa gibira galii kiraan manaa itti kaffaluu qabudha,
 - (b) "Gibira galii biyya alaa" jechuun gibira kaffalaadhaan hir'ifamee qabamu dabalatee gibira Mootummaa biyya alaan yookiin Mootummaa Naanno biyya alaatiin buufame yoo ta'u, adabbii gibira dabalataa yookiin dhala gibira kana ilaallatuuf kaffalamu hin dabalatu,
 - (c) "Galii kiraan manaa biyya alaa irraa argamu" jechuun bu'uuraa Labsichaa gabatee "B" tiin galii biyya alaa gibirri itti kaffalamuudha.
 - (d) Jiraataa Naannichaailaachisee bara gibiraa tokkotti galii qulqulluu kiraan manaa biyya alaa" jechuun galii dimshaashaa kiraan manaa biyya alaarraa bara gibiraatti kaffalaan gibiraa argate irratti bu'uura Labsichaa keewwata 16(7)tiin galii argachuuf isaatiin walqabatee baasiawan hayyamaman erga hir'ifamanii booda galii hafuudha.



28. Mana Haaraa Kireeffamu Beeksisuu

Raawwii Labsichaa keewwata 18 (1)tiif yeroon beeksisaa ijaarsi mana haaraa xumuramu yookiin kireeffamu akkuma ijaarsi xumurameen yookiin kireeffameen yeroo ji'a tokko keessatti lamaan keessaa kan dursuun ta'a.

Kutaa Shan

Galii Gabatee "C"

Kutaa Xiqqaa Tokko

Baasiwwan Hir'ifaman

29. Baasii Bakka Bu'ummaa

Kaayyoo Labsichaa keewwata 28 (1)(i)tiif "baasii bakka bu'ummaa" jechuun hojii daldalaa beeksisuu fi guddisuuf hojjataan kaffalaa gibiraa keessummoota bakka hojii daldalaatiin alatti simachuuf baasii keessummeessaa baasuudha.

30. Haala Dhalli Liqeessitoota Biyya Alaatiif Kaffalame Itti Hir'ifamu

Bu'uura Labsichaa keewwata 24 (2)(a)tiin dhalli liqeessitoota biyya alaatiif kaffalame hir'ifamuu kan danda'u liqeeffataan koppii sanada liiqii hayyama baankii biyyolessaa irraa liqeessaan argate Abbaa Taayitichaaf yoo dhiheesse qofa dha.

31. Baasii Yaalaa Hojjattotaaf Taasifamu

Qaxaraan maqaa Qaxaramaatiin araboonii inshuraansii fayyaa kaffalu dabalatee bu'uura karoora fayyaa hojjattootaan baasiin tajaajila yaalaa hojjattootaaf baasuakkaataa Labsichaa keewwata 23(1) (a) tiin ni hir'ifamaaf

32. Tajaajila Nyaataa Fi Dhugaatii Dhaabbilee Nyaata Dhiheessaniin Hojjattootaaf Dhihatu

- 1) Hoteelonni, restoraatotnii fi dhaabbileen biroo tajajila nyaataa dhiheessaniinbaasiin tajaajila nyaataa fi dhuugaatii hojjatoota isaaniif dhiiheessan akkaataa Labsichaa keewwata 23(1)(a) ni hir'ifama
- 2) Akkaataa keewwata kana keewwata xiqaa 1 tiin hangi hir'ifama baasii kanaa Qajeelfama Abbaan taayiticha baasuun ni murtaa'a.

33. Baasii Beeksisaa Hojii Daldalaa

Akkaataa Labsichaa keewwata 23 (1) (a) tiin baasiin beeksisaa hojii daldalaaf biyya keessaayookiin biyya alaatti taasifame kan hayyamamu hangi hir'ifama isaa QajeelfamaAbbaan Taayiticha baasuun murtaa'a.

34. Kireeffataa Qabeenyaa Hojii Daldalaa Kireeffate Baasii Isaatiin Haaromsu, Suphu yookiin Fooyyessu

Kirreeffataan waliigalteekireessaa wajjiingodhameen alatti qabeenyaa hojii daldalaaf kireeffatefedhii isaatiinkan haaromsu, suppuu yookiin fooyyesuuyoo ta'e baasiin haaromsaaf, suphaafyookiin foyyeessuuf baase galii hojii daldalaaf isaa irraa ni hir'ifamaaf.



35. Kennaan Kaayyoo Tola Ooltummaaf Taasifamu

- 1) Kennaawan kaayyoo tola ooltummaa taasifamaniif akkaataa Labsichaa keewwata 25(1)tiin baasiin hir'ifamaa hayyamame hojiitola ooltummaa kaffalaan gibiraa ofii isaatiin adeemsisuufbaasii taasisu dabalatee raawatinsa ni qabaata
- 2) Raawwii Labsichaa keewwata 25(1)(b) tiif "waamicha Mootummaan godhame" jechuun waamicha Mootummaan taasifamuudha.
- 3) Rawwii keewwata kana keewwata xiqqaa 1 tiif "hojii tola ooltummaa" jechuun hojjattoota kaffalaan gibiraatiin ala gargaarsa barumsaaf, fayyaaf, eguumsa naannoof yookin gargaarsa namummaa biroo gargaaramtoota birootiif kennamuu dha.

36. Bu'uura Waliigaltee Kira Meeshaalee Kaappitaalaatiin Qabeenya Hojii Daldalaa Qabameef Hir'ifama Hayyamamu

- 1) Bu'uurawaliigalteekira meeshaalee kaappitaalaan qabeenyaahojii daldalaa qabameef kafaltiin kiraaraawwatamu galii dimshaashaa hojii daldalaa irraa akka hir'ifamu taasifama.
- 2) Akkaataa keewwata kana keewwata xiqqaa 1tiin namnii hir'ifamni hayyamameef qabeenyicha irratti hir'ifamni dullumaa hin qabamuuf.

37. Baasii Waajjira Ol'aanaa

Dhabbatni jiraataaNaannichaa hin taane baasii sirrii faayidaa dhaabbata isaa Naannicha keessatti dhaabbiidhaan hojjatuuf taasise bakka buusuuf kaffaltiin dhaabbatni Naannicha keessa dhaabbiin hojjatu raawwate kan hir'ifamu, baasichi galii hojii daldalaa argachuuf, hojii daldalaa wabii kennuuf yookin hojii daldalaa itti fufsiisuuf qofa yoo taasifameedha.

Kutaa Xiqqaa Lama

Hir'ifama Dullumaa

38. Hir'ifama Dullumaa Qabeenyaawwan Gatiin Hira'atuu Fi Qabeenyaawwan Hojii Daldalaa Kiiliya

- 1) Tumaankeewwata kanaa keewwata xiqqaa 2 akkuma jirutti ta'ee, kaffalaan gibiraa kamiyuu;

(a) Bu'uura sadarkaalee gabaasa faayinaansiitiin gabaasa herreegaa qopheessu mala hir'ifama dullumaa gosa tokkoo kan fayyadame yoo ta'e, fi

(b) Qabeenyaawwan gatiin isaanii hira'atu abbummaan qabate hundaaf mala hir'ifama dullumaa gosa tokkoo kan fayyadame yoo ta'e;

Akkaataa Labsichaa keewwata 26(1)tiin hir'ifamni dullumaa hayyamamuufDambii kana keewwata 37tiin mala hir'ifama dullumaa kallatiinyookin keewwata kana keewwata xiqqaa 2 (a fi b) tiin mala hir'ifama dullumaa gatiin isaa hir'ataa deemuu murteessuu ni danda'a.

- 2) Qabeenyaawwan armaan gadiitiif hir'ifamni dullumaa herregamuu kan qabu mala hir'ifama dullumaa kallattii taa'een qofaa dha.

(a) Qabeenyaawwan hojii daldalaa kiiliyaaf;



- (b) Fooyya'iinsa qabeenyaahin sochoone irratti taasifamuuf;
- 3) Fooyya'iinsa qabeenyaahin sochoone irratti taasifamuuf hir'ifama dullumaa herregamu baasii fooyya'iinsaa qabeenyaahin sochooneef bahu baasii lafaa bahu dabalachuu hin qabu.
 - 4) Kaffalaan gibraa kamiyyuu "dabarsaa" jedhamee nama waamamuun quunnamitii qabu irraa kan argatee fi qabeenyaahin socho'aa gatiin hir'atu dabarsaan hir'ifama dullumaa guutuu argatee yookiin qabeenyaahin hojii daldalaa kiiliyaaf hir'ifama dullumaa argachuu hin danda'u.

39. Mala Hir'ifama Dulluma Kallattii

- 1) Akkaataa Labisichaa keewwata 26(3 fi 4) akkuma jiranitti ta'ee, bara gibraa tokkotti kaffalaan gibraa tokkoof qabeenyaahin socho'aa gatiin hir'atu yookiin qabeenyaahin hojii daldalaa kiiliyaaf bu'uura mala hir'ifama dullumaa kallatiitiin hayyamameen hir'ifamni dullumaa murtaa'u tumaa Dambii kana keewwata 39 taarifa kaa'ameen baasii qabeenyaahin shallagama.
- 2) Keewwatni kun raawwii kan qabaatu bara gibraa kanaa fi barreen gibraa darban hundaaf kaffalaan gibraa tokkoof qabeenyaahin socho'aa gatiin hir'atu yookiin qabeenyaahin hojii daldalaa kiliyaaf hayyamameen yookiin tumaa Labsichaakeewwata 26 (4) osoo hin jiraannee baasiin hir'ifama dimshaashaa hayyamamu turebaasii qabeenyichaa caaluu hin qabu.

40. Mala Hir'ifama Dullumaa Gatiin Hir'ataa Deemu

- 1) Akkaataa labishaakeewwata 26 (3 fi 4) akkuma jiranitti ta'ee, bara gibraa tokkotti kaffalaan gibraa tokkoof qabeenyaahin socho'aa gatiin hir'atuuf bu'uura mala hir'ifama dullumaa gatiin hir'atu hayyamameen hir'ifamni dullumaa murtaa'u taarifa dambii kana keewwata 39 kaa'ameen gatii qulqulluuqabeenyichaa bara jalqabaa galmee irra taa'eenshallagama.
- 2) Bara gibraa tokkotti tumaan Labsichaakeewwata 26 (4)tiin qabeenyaahin socho'aa gatiin hir'atu irratti raawwatiinsa yoo qabaate, gatiin galmee qulqulluun qabeenyichaa qabeenyichi bara gibiraatiif galii hojii daldalaa argamsiisuuf qofa faayidaa irra akka ooletti fudhachuun herregama.
- 3) Qabeenyaahin socho'aa gatiin hir'atu gatiin haftee qarshii kuma lama kan hincaalle yoo ta'e yeroo tokko baasitti qabama.

41. Taarifoota Hir'ifama Dullumaa

- 1) Qabeenyaahin socho'aa gatiin isaa gadi bu'u irratti hir'ifamni dullumaa herregamu bu'uura ramaddii fi gabatee armaan gadiitiin kan raawwatu ta'a;

Qabeenyaahin socho'aa gatiin hir'atu	Taarifa malahir'ifama dullumaa Kallattii	Taarifa mala hir'ifama dullumaa gatiin hir'atu
--------------------------------------	--	--



Kompiutara, softiweerii fi meeshaa odeeffannoo kuusu	% 20	% 25
Giriin haawusii (Green House)	% 10	-
Giriin haawusii osoo hin dabalatiin fooyya'iinsa qabeenyaa hin sochoone irratti taasifamu	% 5	-
Qabeenyaa gatiin hir'atu biroo kamiyyuu	% 15	% 20
Qabeenyaa gatiin hir'atu hojiilee misooma albuudaa fi boba'aatiif faayidaa irra oolu	% 25	% 30

- 2) Taarifa hir'ifama dullumaa qabeenyaaawwanhojii daldalaa kiliyaaf raawwatu;
- Baasii hojii daldalaa eegaluun dura taasifamee%25,
 - Kan qabee (a) tiin ibsameen ala kan ta'eef qabeenyaa hojii daldalaa kiliyaawaggaa 10
ol tajaajiluuf %10,yookiin
 - Qabeenyaa hojii daldalaa kiliyaa birookamifiyyuu 100 keessaa dhibbaan bara
tajaajilaa qabeenyaa kiliyaaf hiruun dhibbeentaa argamuun ta'a.
- 3) Raawwii keewwata kanaatiif “Baasii hojii daldalaa eegaluun dura taasifamee” jechuun
kaffalaan gibiraa hojii daldalaa eegaluun dura kan baasu akkaataa Labsichaa keewwata
26 (7)(a) tiin “qabeenyaa hojii daldalaa kiliyaaf” hiikkaa kennameen baasii lakkofsa 4
irratti argamu dha.

42. Gamoo Gar-Tokkeen Hojii Daldalaatiif Oole Irratti Hir'ifama Dullumaa Herregamu

Gamoon tokko qabeenya hojii daldalaatiif gar-tokkeen yeroo tajaajilutti hir'ifamni
dullumaa herregamu hanga tajaajjila daldalaatiif oole qofaan ta'a.

43. Fooyya'insotaa Fi Suphaawan

- Tumaan keewwata kanaa keewwata xiqqaa 2 akkuma jirutti ta'ee, kaffalaan gibiraa
kamiyyuu bara gibiraa tokkotti baasiin suphaa yookiin fooyya'iinsaa qabeenyaa gatiin
hir'atuuf taasise bara gibiraa sanatti baasii hir'ifamaa ni hayyamamaaf.
- Akkaataa keewwata kana keewwata xiqqaa 1tiin hir'ifamni baasii hayyamamu xumura
bara gibiraa gatii galmee qabeenyichaa qabu%20 caaluu hin qabu.
- Bara gibiraa tokkotti qabeenya gatiin hir'atu irratti baasiin suphaa yookiin
foyya'insaataasifame gatii galmee qabenyichaa qulqullaa'e % 20 kan caalu yoo ta'e,
baasiin guutuu suphaa yookiin foyya'insaagatii galmee qabeenyaa qulqullaa'e irratti
dabalama.

Kutaa Xiqqaa Sadii



Kisaaraa Ceesisuu

44. Kisaaraa Ceesisuu

Kaffalaan gibiraa tokko akkaataa Labsichaa keewwata 27, 39 yookiin 46tiin kisaaraan ceehu;

- 1) kisaaraa bara gibiraa tokkoo ol mudate yoo ta'e kaffalaa gibiraatiif kisaaraan dura qunname dursee ni hir'ifamaaf,
- 2) Kisaaraan ceehuu kan danda'uu galmeen herregaa kaffalaa gibiraa kisaaraa mul'isu odiitii kan taasifamee fi Abbaa Taayitichaan fudhatama kan argate yoo ta'e qofaadha,
- 3) Tumaan keewwata kanaa keewwata xiqqaa 2 yoo jiraatellee, kaffalaan gibiraa;
 - (a) kisaaraa agarsiise galmee herregaa oditara alaatiin ooditii taasifameeAbbaa Taayitaatiif kan dhiyessee yoota'e, fi
 - (b) Yeroon beeksiisa taaksii bara gibiraa itti aanu gahuun durattigalmee herregaa kaffalaa gibiraa Abbaan Taayitichaa odiitii gochuu yoo hin dandeenye kisaaraa n ceehuu ni danda'a.
- 4) Tumaa keewwata kana keewwata xiqqaa 3 tiin Abbaan Taayitichaaa Labsii Bulchiinsa Taaksii Lak. 203/2009 keewwata 30 tiin kisaaraa qoratee beeksisa murtii gibiraa fooyya'e kaffalaa gibiraatiif kennuuf mirga qabu hin hambisu.

45. Kisaaraa Gara Duubaatti Deemuun Ceesisuu

Raawwii Labsichaa keewwata 33 tiif waligaltee yeroo dheeraa wajjiin walqabatee kisaaraan qunnamu wal-dandeesisuun hanga xumuramutti gara boodaatti ceehuu nidanda'a.

Kutaa Xiqqaa Afur

FaayidaafiKisaaraa SharafaMaallaqaBiyya Alaa

46. Faayidaa Fi Kisaaraa Sharafa Maallaqa Biyya Alaa

- 1) Kaffalaan gibiraa faayidaa sharafa maallaqa biyya alaa irraa argate galii hojii daldalaa keessatti dabalamu.
- 2) Tumaan keewwata kanaa keewwata xiqqaa 3 fi haalotni kanatti aanan akkuma jirutti ta'ee, kaffalaan gibiraa kisaaraan sharafa maallaqa biyya alaa bara gibiraa tokkotti mudate, kasaaricha faayidaa sharafa maallaqaa bara gibiraatti argate waliin bakka buufachuu kan danda'u yoo ta'u;
 - (a) Hangi kisaaraa sharafa maallaqa biyya alaa bakka hin buufatin, faayidaa sharafa maallaqa biyya alaa yeroo kamiyyuu argate waalin hanga guutummaan guutuutti bakka buufamutti, kasaaricha yeroo hin murtoofneef ceesisuu ni danda'a.
 - (b) Kaffalaa gibiraa hanga kisaaraa irra gahe haala Abbaa Taayitichaamansuu danda'uun mirkaneessuu qaba.
- 3) Kisaaraan sharafa maallaqa biyya alaa mudate dhaabbata faayinaansii yoo ta'e, tumaan keewwata kanaa keewwata xiqqaa 2 kan irratti hin raawwanne yoo ta'u,dhaabbatni



faayinaansii hanga kisaaraa irra gahe haala Abbaa Ttaayitichaaamansiisuu danda'uun mirkaneessuu dandeeyaan hangi kisaaraa akka baasii hir'ifamaatti ni qabamaaf.

- 4) Kaffalaa gibiraan sharafa maallaqabiyya alaa irraafaayidaa argate yookiin kisaaraan mudate kan jedhamu faayidichiyookiin kasaarichi mudate qabatamaa yoo ta'e dha.
- 5) Kaffalaan gibiraan bittaa fi gurgurtaa maallaqa biyya alaatiin faayidaa sharafa maallaq biyya alaa argachuun yookiin sharafa maallaqa biyya alaatiin kisaaraan kan mudate ta'uu mirkaneessuuf bittaa waliin wal-qabatee kaffalaan gibiraan ofii isaatiinyookiin ejjannoonwaliigaltee soda kisaaraa irraa fayuu nama hariiroo qabu waliin seene hubannoo keessa galuu qaba.
- 6) Raawwii keewwata kanaatiif;
 - (a) "Dirqama idaa" jechuun maallaqa nama biroof kaffaluuf dirqama seename yeroo ta'u herrega kaffalamuu fi sanadoota waadaa, dirqamoota sanadoota hawaalaa yookiin boondota irraa maddan ni dabalata;
 - (b) "Faayidaa sharafa maallaqa biyya alaa" jechuun bittaa fi gurgurtaa maallaqa biyya alaa wajjiin wal-qabatee sababa gadi bu'uu yookiin ol ka'uu gabaatiin faayidaa argamuudha.
 - (c) "Kisaaraa sharafa maallaqa biyya alaa" jechuun bittaa fi gurgurtaa maallaqa biyya alaa wajjiin wal-qabatee sababa gadi bu'uu yookiin ol ka'uu gabaatiinkisaaraa gahuudha.
 - (d) "Bittaa fi gurgurtaa maallaqa biyya alaa" jechuun adeemsa hojii daldalaa gaggeeffamuun galii hojii daldalaa argachuuf bittaa fi gurgurtaahaala armaan gadiin taasifamu kamiyyuudha;
 - (i) Bittaa fi gurgurtaa maallaqa biyya alaatiin gaggeeffamu;
 - (ii) Dirqama idaa maallaqa biyya alaatiin ibsame kennuu yookiin fudhachuu, yookiin
 - (iii) Bittaa fi gurgurtaa maallaqa biyya alaatiin ibsamebiroo kamiyyuudha.
 - (e) "Waliigaltee sodaa kisaaraa irraa baraaramuu" jechuun namni tokko sababa gatii ol-ka'uu fi gadi bu'uu sharafa maallaqa biyya alaatiin waliigaltee biroo wajjiin walqabatee soda gama faayinaansitiin miidhaa geesisuu danda'u hambisuuf yookiin hir'isuuf waliigaltee taasifamuudha.

Kutaa Xiqqaa Shan

Baankootaafi KubbaaniyootaInshuraansii

47. Ittiin Eggannoo Kisaaraa Baankotaa

Baankiin kamiyyuu bara gibiraan tokkotti herregnii ittiin-eggannoo kisaaraaf qabu bu'uura ulaagaa sirrii Baankiin Biyyalessaa ittiin eggannoo kisaaraaf kaa'een kan herregamee fi sadarkaalee dhiyeessa gabaasa faayinaansii wajjiin kan wal-simatu hanga ta'etti bara gibiraattihangi herregaaittiin eggannoo % 80'n akka baasii hir'ifamaatti ni qabamaaf.



48. Ittiin Eggannoo Sodaayeroon Irra Hin Darbine Kubbaaniyoota Inshuraansii Waliigalaaf

- 1) Tumaan keewwata kanaa keewwata xiqqaa 2 akkuma jirutti ta'ee, kubbaaniyaan inshuraansii hojii inshuraansii waliigala kennuu irratti bobba'e hangiherrega ittiin eggannoo sodaayeroon irra hin darbine waggaa tokkoof qabate bu'uura sadarkaalee dhiyeessa gabaasa faayinaansiitiin kan shallagame hanga ta'etti hafteen ittiin eggannoo xumura waggaa irratti mul'ate bara gibraa sanaaf akka baasii hir'ifamaatti ni qabamaaf.
- 2) Kubbaaniyaan inshuraansii teessoon isaaOromiyaa keessaa hin taane dhaabbata dhaabbiin Oromiyaa keessaaqabu fulleffate hojii inshuraansii kennuu kan hojjatu yoo ta'e akkaataa keewwata kana keewwata xiqqaa 1 tiin hangi baasii hir'ifamaa qabamuuf Kubbaaniyichiherrega ittiin eggannoo soda yeroon irra hin darbinee oromiyaa keessatti qabateen kan murtaa'u ta'a.
- 3) Kubbaaniyaan inshuraansuu hojii wabii waliigala kennuu irratti bobba'e galiin hojii daldalaa bara gibraa tokkoo akkuma haala isaatti akkaataa keewwata kana keewwata xiqqaa 1 yookiin 2 tiin hanga herrega ittiin eggannoo sodaawan yeroon irra hin darbine bara gibraa darbe baasii hir'ifamaatti qabameef ni dabalata.
- 4) Raawwii keewwata kanaatiif "inshuraansii waliigala" jechuun inshuraansii lubbuutiin alatti seera daldalaanibsame alatti inshuraansii kamiyyuu ni dabalata.


49. Galii Hojii Daldalaa Inshuraansii Lubbuu Gibirri Itti Kaffalamuu

- 1) Kubbaaniyaan inshuraansii hojii kenna inshuraansii lubbuu irratti bobba'e galii gibirri bara gibraa tokko itti murtaa'u bu'uura shallaggii armaan gadiitiin herregama:

$$(A + B + C + D) - (E + F + G + H)$$

Raawwii herrega kanaaf:

- "A" Maamiltoota inshuraansii lubbuu bitaniif araboontii Kubbaaniyichi deebise osoo hin dabalatiin araboontii inshuraansii lubbii waggaa tokko keessatti argateedha;
- "B" Hojii inshuraansii lubbuu wajjiin wal-qabatee galii investimantii Kubbaaniyichi waggaa tokko keessatti argate;
- "C" Imaammatoota inshuraansii lubbuu waggaa sana haqamaniif hanga herrega ittiin eggannoo Kubbaaniyicha yeroowwan darban baasiitti qabameef kamiyyuu;
- "D" Kubbaaniyichi hojii inshuraansii lubbuu waggaa sana irraa galii biroo argate kamiyyuu;
- "E" Hojii inshuraansii lubbuu kubbaaniyichi gaggeessu wajjiin wal-qabatee kaffaltiwwan komishinii, araboontii inshuraansii butii, baasiwwan xinxala sodaaf, kaffaltiwwan Mootummaa imaammaticha irratti gaafatamuu fi baasiwwan hojii adeemsiftuu dabalatee gurgurtaa imaammata inshuraansii wajjiin wal-qabatee baasii bar asana baase;



“F” Baasii ittiin eggannoo imaammatoota inshuraansii lubbuu haarawa waggaa sana baaseef jalqaba qabate dabalatee herrega ittiin eggannoo eggannoo imaammata inshuraansii lubbuuf dabalataan qabate;

“G” Imaammatoota inshuraansii lubbuu waggaa sana kaffalaman wajjiin wal-qabatee hanga herrega ittiin eggannoo waliigala qabee fi herreguma kana irratti galii argatee ol inshuraansii lubbuuf dhiyaateen kaffaltii raawwatame; fi

“H” Hojii inshuraansii lubbuu wajjiin wal-qabatee Kubbaniyichi waggaa sana keessa baasiin hir’ifamu baase biroo kamiyyuu dha.

- 2) Kubbaaniyaan tokko hojii inshuraansii lubbuun dabalatatti hojii inshuraansii waliigala dabalatee hojii daldala biro kamiyyuu irratti kan bobba’e yoo ta’e, galiin hojii inshuraansii lubbuu gibiri itti kaffalamu galii hojii daldala biroo irraa adda bahee qophaatti herregamu qaba.
- 3) Raawwii keewwata kanaatiif “Inshuraansii lubbuu” jechuun hiikkaa seera daldalaankennemeef ni qabaata.

Kutaa Xiqqaa Jaha

Interpiraayizoota Maayikiroofi Xixiqqaa fi Kaffaloota Gibira Sadarkaa “C”

50. Dirqama Galmee Herregaa Qabachuu

Raawwii Labsichaakeewwata 78 tiif interpiraayizooni maayikiroo fi xixiqqaan akka nama dhuunfaatti lakkaa’amanii galii gurgurtaa waggaa isaanii bu’uura godhachuun dirqama galmee qabachuu qabu.

51. Gibira Hojii Daldala Kaffaloota Gibira Sadarkaa “C” Tilmaama Irratti Hundaa’uun Kaffalamu

- 1) Gibiri hojii daldala kaffalootni gibira sadarkaa “c” tilmaama irratti hundaa’uun kaffalankan herregamu bu’uraa gabatee dambii kana wajjiin wal-qabateen ta’a,
- 2) Gibiri waggaa kaffala gibira tokkoo kan shalagamu galiin waliigala waggaa kaffala gibira gulantaa hammatu jalatti kufu galii ol-aanaa waliigala bu’uura godhachuun ta’a.
- 3) Manni Maree Bulchiinsa Mootummaan Naannoo Oromiyaa gabatee gibiri kafaloota gibira sadarkaa “C” ittiin heregamu yoo xiqlaate waggaa sadiin fooyessuu qaba.
- 4) Kafalaan gibira abbaa qabenya konkolaataa ta’e tajaajila geejjibaa kennuuf itti fayyadamu ofii isaatiif kan konkolaachisu yoo ta’e gibiri inni kafaluu qabu yamuu herregamu konkolaachisa osoo qaxaree galii qaxaramuu irraa argamu gibira konkolaachisaan kaffalu irra ture irratti dabalamuu qaba.



Kutaa Jaha
Galii Gabatee "D"

52. Qabeenyaa Darbee Darbee Kireessuun Galii Argamu

Raawwii Labsichaa keewwata 54 tiif "qabeenyaa darbee darbee kireessuun galii argamu" jechuun namni dhaabbiidhaan hojii daldalaa irratti hin bobbaane darbee darbee qabeenyoota sochoo'an yookiin hin sochoone kireessuun galii waliigalaargatu dha.

53. Dhaabbatni Dhaabiin Hojjatu Bu'aa Gara Biyya Alaatti Ergu

- 1) Dhaabata Naannicha keessaatti dhaabbiin hojjatu wajjiin ta'ee dhaabbatni Itoophitaa keessa jiraataa hin taane hojii daldalaa adeemsisuunbu'aa gara alaatti erguu irratti gibirri buufamu akkaat aa Labsichaa keewwata 58 bara gibraa dhaabbatichaa bu'uura godhachuun ta'a
- 2) Dhaabbanni dhaabbiin hojjatu bu'aaan gara alaattii ergu bu'uura shallaggii armaan gadiitiinherregama

$$A + (B - C) - D$$

Raawwii shallaggii kanaatiif:

"A" Jalqabaa Bara gibiraatti gatiin qulqulluu waliigala qabeenyaa dhaabbata dhaabbiin hojjatu.

"B" Bu'uura sadarkaalee dhiyeessa gabaasa faayinansiitiin bu'aa qulqulluudhaabbata dhaabbiin hojjatu bara gibiraattishalagame.

"C" Dhaabbata dhaabbiin bara gibiraatti hojjatu galii gibirri itti kafalamu argate irratti gibraa galii hojji daldalaakaffaluu fi

"D" Dhuma Bara gibiraatti gatiin qulqulluu waliigala qabeenyaa dhaabbata dhaabbiin hojjatu ti.

- 3) Dhaabbanni dhaabbiin hojjatu bara gibraa tokkotti bu'aa gara alaatti ergu kan shallagamugatiin waliigala qabeenyaa dhaabbata dhaabbiin hojjatu dhuma bara gibraa gatii waliigala qabeenyaa dhaabbata dhaabbiin hojjatu jalqabaa bara gibraa itti aanuu ta'ee fudhatama.

54. Hangi Sirreffama Bu'aa Daldalaa Gahee Bu'aa Qoodamee Irratti Bu'aa Inni Qabaatu

Dhaabbanni tokkohanga bu'aa hojii daldalaa Abbaa Taayitaatiif beeksise odiitii Abbaan Taayitaa taasiseen argannoo irra gahee gadi yoo ta'e, bu'aa dhaabbatichi beeksise irratti hundaa'un gibra gahee bu'aa abbootii aksiyoonaaq qoodamee irratti bu'aa hin qabaatu.

55. Qabeenyaaawwan Kaappitalaa Kennaan Dabarsuun Faayidaa Argamu Irratti Gibira Kaffalamu

- 1) Raawwii Labsichaa keewwataa 55 tiif taaksiin qabeenyaa kaapitalaa kennaan darbuu shalagamu garaagarumaa gatii jalqabaa qabeenyaa kennaan darbee fi gatii yeroo kennaan darbe jidduu jiruu irraattidha.
- 2) Faayidaa qabeenyaaawwan kaapitalaa kennaan darban irraatti dirqamni gibraa kaffaluu kan fudhataati.



Kutaa Torba
GaliiGibira Galii Irraa Bilisa Ta'e

56. Galii Gibira Galii Irraa Bilisa Ta'e

- 1) Galiiwan armaan gadiiti tarreefaman gibira galii irraa bilisa;
 - (a) Abbootiin qabeenyaa hojii daldala al-ergii irratti bobba'an cehuumsa beekkumsaatiif ogeessota biyya alaatiifichisiisaniif bu'uura Qajeelfama Manni Maree Bulchiinsa Mootummaa Naannoo oromiyaa baasuun galiin qaxaramuu argamu waggaa shan hin caalleef kaffalamu;
